Biiroo Barnootaa Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 4 ffaa Sam.2ffaa



Barannoo 8ffaa

Wal qabsiistoota

Kaayyoo Barannichaa

Dhuma Barannoo Kanaatti Barattoonni

Maalummaa Wal Qabsiistotaa Ni Ibsu.

Faayidaa Wal Qabsiistotaa Ni Tarreessu.

Gosoota Wal Qabsiistotaa Ni Himu.

Gaaffilee shaakallii

1.Wal qabsiistonni maali?

2.Gosoota wal qabsiistota beekta?

Wal qabsiistonni

Jechaafi jecha

Himaafi hima

Keeyyataafi keeyyata wal qabsiisa.

Gosoota wal Qabsiistotaa

1. Wal qabsiistota of danda`oo
2. Wal qabsiistota hirkatoo

Of Danda`oo

Fakkeenyaaf

Fi

Itti dabalee

Akkasumas

Waan kana ta`eef

garuu

Hirkatoo

Osoo

Yoo

Utuu

Illee

Waan

odoo

Idaa`ama yaadaa

Itti dabalee

Kana malee

Akkasumas

Karaa biroo

Kan Itti Fufe…

Fakkeenyaa

1.Tolaan barsiisaadha,kana malees,daldalaadha.

2.Abdiin diimaadha;akkasumas,dheeraadha.

Yaada Faallaa

Garuu

Ta`us

Immoo

Fkn. Tolaan barataadha;ta`us cimaa miti.

Biiftuun rafaa jirti;Ayyaantuun immoo,qayyabataa jirti.

Sababaafi bu`aa

Kanaaf

Sababa kanaaf

Kanarraa kan ka`e

Waan kana Ta`eef

Fkn. Caalaan barataadha;kanaaf,1ffaa bahe.

koronaan dhukkubaa cimaadha;sababa kanaaf,lubbuu hedduu galaafate.

Filanno

Yookiin

Fkn. **Taa`i yookiin deemi!**

Caalaa yookiin Caaltuu waami!

Gilgaala

1. kamtu wal qabsiistuu hirkataadha?

A. fi B. illee C. garuu D. hunda

2. buna --- shaayii dhugi

A. moo B. yookiin C. immoo D. A fi B

3. Tolaa ___ Caaltuun obbolaadha.

A. yookiin B. garuu C. fi D. osoo

Hojii Manaa

Qubee deebii sirrii qabu filadhu

1.Wal qabsiistuun faallaa agarsiisu kami?

A. fi B. yokiin C. garuu D. hunda

2. Caalaa ____ Caaltuu jaallata?

A. garuu B. kanaafuu C. moo D. hunda

3. __ fiiguu, kufee cabe.

A. fi B. garuu C. osoo D. immoo

Cuunfaa

Barnoota Keenya Har`aatiin

Maalummaa Wal Qabsiistotaa

Gosoota Wal Qabsiistotaa

Faayidaa Wal Qabsiistotaa Baranneerra.